# Talaalliiwwan COVID-19: Dargaggoonni maal beekuu akka qaban

## BARREEFFAMA

Deebitee gara mana barumsaatti qaamaan adeemuuf abdii irratti jirtaa? Sababa adda baasuutiin ispoortiiwwan hin qabduu ykn sochiiwwan kan biroon dhaabateeraa? Maatii fi hiriyoota wajjin yeroo dabarsuu ni dandeessaa? Talaalliiwwan COVID-19 karaa gara wantoota kaneenii hundatti deebi'uuf ta'uu dha.

Talaalalli fudhachuu dura gaaffii gaafachuun namoota dargaggootaan ykn maatii isaantiin baratamoo dha. Yoo gaaffilee qabaatte, doktarii gaafadhu. Haqoota saffisaa xiqqoon kunooti:

- Talaalliiwwan COVID-19 nagaa qabu.
- Akka gaheessotaaf qoratame, dargaggootaaf qoratameera, kanaafuu akka hojjetanii fi nagaa akka qaban ni beekna.
- Talaalliin COVID-19'iin tola dha akkasumas Enyummeessaa agarsiisuun hin barbaachisu.
- Talaalliiwwan COVID-19 maseenummaaf sababa hin ta'u.

Waraanniiwwan namni kamiyyuu hin jaallatu, garuu bashannanuuf akka si gargaaruuf waan godhuu dandeessu jira!

- Dhagawootiin muuziqaa jaallatamaa kee dhagahi.
- Hafuuroota suutaa, gadi fageenyaan hargani.
- Nama gargaaraa wajjin ijaan wal qunnami.
- Maxxansaa xiqqoo beeksisaa akka dubbisuu yaaluutin, kutaa keessa kan jiru waan tokko irratti tiyyeeffadhu.
- Yaada ofii-kee balleessi, abguddoo miilaa kee hurgufu yaali.

Erga talaallii fudhattee booda guyyaa tokkoof ykn akkasii tarii miira gaarii hin qabdu ta'aa, garuu inni yeroo baayyee salphaa dha. Akkasumas, yoo nama tokko COVID-19'iin gabameef yoo saaxilamtee waan COVID-19 tiin dukkubsatteef ykn adda of baa'uu yoo si barbaachise mana barumsaa irraa ykn sochiiwwan kan biroo irraa guyyootaaf ykn torbanootaaf ba'uun irraa hedduu gaarii dha.

Yaadadhu, yoo umurii 18 gadi taate talaallii dhaaf hayyama maatiin ykn guddistuun barbaachisaa dha. Maatiin ykn guddistuun si wajjin deemu yoo hin dandeenye taanaan, gara kliniikichaa bilbiliitii waa'ee adeemsa hayyamuu isaanii gaafadhu.

Talaalliin COVID-19 iddowwan itti argaman baayeetu jiru. Talaalliiwwan COVID-19 hundinuu namoota umurii 18 gadi taa'anaiif hin argaman, kanaafuu iddo atti deemuu barbaaddeetti talaallii argachuu akka dandeessu sirriitti qabaachusaa mirkaneessi. www.vaccines.gov irratti iddoowwan sitti dhiyoo ta'e barbaaduu fi talaalliiwwan gosa isaaniitiin tarreessuu ni dandeessa.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

8/11/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan arggachuuf, bilbili: 651-201-4989.*